Guyyaa **16 /4/ 2004** A.L.H

**Bul/Mootummaa Naannoo Oromiyaatti**

**Biiroo Perezidaantii tiif**

**Finfinnee**

**Barattoota Oromoo**

**Yunivarsiitii Finfinnee irraa**

**Finfinnee**

**Dhimmi**: **Gaaffilee mirgaati fi kan namoomaa kaasudhaan deebii hatattamaa gaafachuu ta'a.**

Nuti **barattootni Oromoo Yunivarsitii Finfinnee** rakkoolee wal xaxaa fi fuul-dureen isaa yaaddessaa, kan yeroo ammaa ummanni Oromoo keessa galee jiru yaadaa fi yaaddoo keessa galchuun, gaaffilee armaan gadii kan ummanni Oromoo mirgaa fi abbummaa irratti qabaachuu qabu irratti deebiin hatattamaa akka nuuf kennamu gaafanna. Gaaffileen kaasnu kunneen har'aaf gaaffii nuti kaasne ta'ullee, gaaffileen hunduu kan ummata Oromoo ta'uu fi deebinis kan ummata Oromoof deebi'u ta'uu hubannoo keessa akka galu barbaadna. Gaaffilee kanneen gaafachuun keenya mirga ta'uu nuuf hubachudhaan isinis gaaffilee akka sabaatti jiraachuu fi dhiisuu ummata Oromootif murteessoo ta'an kanneen irratti deebii hatattamaa nuufis ta'ee ummata Oromoof deebisuudhaan dirqama keessan ni baatu jennee abdanna.

## I. Mirgaa fi Abbummaa Ummanni Oromoo Finfinnee irraa qabaachuu qabu ilaalchisee:

1. Maqaan "Addis Ababaa" jedhamu kun asxaa gabrummaa ummata keenyatti dhufe waan ta'eef, akkasumas maqaan kun abbummaa Finfinnee irratti ofitti amanummaa/confidence/ ummata keenyaa waan hir'issuf, maqaa dhalootaa kan ta'ee maqaa FINFINNEEtin (akka biyyoolessaattis ta'ee akka Addunyaatti) akka waamamtu cimsinee gaafanna.
2. Afaan Oromoo Bulchiinsa magaala Finfinnee isa ammaa kana keessatti Afaan Amaaraa waliin walqixa Afaan hojii ta'uu qaba. Isa kanaaf yaadni amansiisaan tokko: jalqaba dacheen tun kan Oromoo ti. Kun immoo kennaa uumaati. Uumama dachee tanarra jiru waliin dhaloota jalqabaa fi walitti hidhataa kan ta'e immoo uummata Oromooti. Karaa biraa immoo Ummanni Oromoo dachee tanarratti (F/F irratti) baayyinaan Amaaratti aanee lammaffaa waan ta'eef bulchiinsa uummataa kana keessaayis qooda guddaa qabaachuu qaba. Kanaaf baayyina uummata har'a Finfinnee jiraachaa jiruu qofa ilaaluun osoo hin ta'in, **mirga uumamaa** ummanni Oromoo Finfinnee irraa qabu yaada keessa galchuudhaan Afaan Oromoo Afaan Bulchiinsa magaalattii maalif hin taanee?
3. Filannoo ummataatin osoo hin ta'in mirga abbummaa Finfinnee irraa qabuun ummanni Oromoo mana maree bakka buutota Bul/ Mag/Finfinnee keessatti teessuma maalif hin qabaannee?

4. Aadaa fi Seenaa Ummata tokkoo addunyaatti beeksisuu keessaatti Manni Kitaabaa fi Golaambaan (Muuziyeemiin) gahee olaanaa qabu. Keessayyuu Magaalota gurguddoo ta'an kan akka Finfinnee, tessuma dhaabbilee idil addunyaa a dda addaa fi teessuma Eembaasota biyyoota hedduu taate keessatti Manni Kitaabaa fi Muuziyeemiin eenyummaa uummataa addunyaatti beeksisuu keessatti fayidaa guddaa qaba. Ummanni Oromoo hanga ammaatti fayidaa kana argachaa hin jiru. Maalifii???

5. Ummanni Oromoo Hayyoota bu'aa guddaa dhala namaatiif kaa'anii darbanii fi Gootota mirga ummata Oromootif wareegaman hedduu qaba. Siidaan Yaadannoo fi karaan/daandiin yaadannoof jecha Hayyoota fi Gootota Oromoof ijaaramee fi Maqaan yaadannoo isaaniif mogga'e Finfinnee keessa hin jiru. Maalif?? Har'a seenaa hojjachuuf Seenaa warra darbee qalbifachuun fayidaa olaanaa akka qabu hubatamee gaaffii kanaaf deebiin hatattamaa akka nuuf kennamu gaafanna!.

6. Mootummaan Naannoo Oromiyaa Masaraa Mootummaa kan Aadaa fi Seenaa Ummata Oromoo calaqqisiisu Finfinnee keessatti hin qabu. Biiroowwan harka caalu Bulchiinsa Magaalaa F/F irraa manneen kireeffatee jiraata. Kun maalif ta'ee??.

7. Galiin karaa adda addaa Magaalaa Finfinnee irraa waggaadhaan argamu qarshii biiliyoonatti lakkaa'amuu dha. Galiin kun kaazinaa mootummaa Federaalaa yabbisuun hojii siyaasatiif ooludhaan alatti misooma Oromiyaaf saantima tokkollee gumaachaa hin turre; gumaachaas hin jiru. Caalattuu mootummaan Federaalaa lafa baadiyaa naannawa Finfinnee uummata Oromoo irraa buqqisudhaan maqaa "investimentiin" abbootii qabeenyaatti gurgurachuun galii dabalataa Oromiyaarraa saammachaa jira.

   Kanaaf galiin Finfinnee irraa argamu keessa hangi tokko bajata Oromiyaatti dabalamee Misoomni F/F keessatti Ummata Oromoof hojjatamuu qabu: Kan akka mana baruumsaa Afaan Oromoo fi Giddu-gallii Aadaa fi Aartii Oromoo ittiin babal'isuuf akka oolu gaafanna.

## II. Gaaffilee biroo:

1. Maqaa Investmentiin saamicha lafa magaalota Oromiyaa, addatti immoo kan Naannawa Finfinnee rakkoo hamaan ummata qe'eerraa buqqisuu hatattamaan dhaabbatee namoota haala kanaan qe'eerraa buqqa'anii jireenya hamaa keessa jiraniif beenyaan addaa akka kaffalamuuf, akkasumas qonnaan bultoota haala kanaan qe'ee fi maasii isaanii dhaban hundaaf beenyaan gahaa ta'e hatattamaan kaffalameefii iddoon jireenyaa/qubannaa akka mijaa'uf gaafanna.
2. Warshaalee Finfinnee fi Naannawa Finfinneetti xuraa'aa lagaa fi maasii qonnaan bulaa irratti gadi dhiisudhaan sa'aa-nama irratti badii guddaa geessisaa jiran hatattamaa gochaa isaanii kanarraa akka dhaabbatanii fi badii kanaan dura ta'e hundaaf hatattamaan seeratti dhiyaatanii beenyaa gahaa ummataaf akka kaffalamu Mootummaan Naannoo Oromiyaas kana akka raawwchiisu gaafanna.
3. Ummanni Oromoo yeroo kamiiyyuu caalaa yeroo ammaa mana hidhaatti guuramaa akka jiru yaada keessa galchuun duulli kun hatattamaan akka dhaabbatuu fi rakkoo siyaasaa jiru mootummaan shorerkeessummaan wal qabsiisuu dhiisee dhaabbilee Siyaasaa hunda waliin karaa nagaa mari'achudhaan akka hiikamu; kanas mootumman Naannoo Oromiyaa

haala mijeessudhaan dhaabbilee Siyaasaa ummata Oromoo hunda waliin haala-duree tokko malee haasa'uuf akka of qopheessuu fi hatattamaan hojiirras akka oolchu gaafanna.

4. Labsiin Lafa Liizii jala galchuuf dhiyeenya kana ummatatti labsame, Kan ummanni gaarii fi hamaa isaa irratti hin mari'atinii fi abbummaa ummatootni biyyattii lafaa fi qabeenya uumamaarratti qaban guutummaatti kan sarbu waan ta'eef, dhimmi kun osoo hojiirra hin ooliin murtii ummataatti akka dhiyaatu cimsinee gaafanna.
5. Bara darbe kana "Waldaan Misooma Oromiyaa, 'MISOOMA OROMIYAAtif'!!" dhaadannoo jedhuun sochii abdii qabu wayii eegaleetu ture. Ummannis "dhuguma misoomaf taanan" jedhee waan of harkaa qabu gumaachee ture. Hojjattootni mootummaas mindaarraa kukkutanii cicciraniiru. Garuu maal godha ree haala kanaan o'oo'ifamee osoo deemaa jiruu, baayyeellee osoo hin tarkaanfatin gidduutti "Hidhi Guddichi Abbaay" tasa osoo hin yaadamin gadi bu'ee takkumaan Waldaan Misooma Oromiyaa kallattii misoomaa akka jijjiiru ykn immoo sochii akka dhaabu taasise. Kun maalif ta'ee? Karaa biraa immoo "Boondii" fi buusii Abbaayif jecha buusiin haala humna uummataa hin madaallen ummatarratti fe'amaa jiru "KOOTAA" bara Dargiitin garaagarummaa maal qabaa???
6. Hundeefi madda qabsoo ummata Oromoo kan ta'e Waldaan Maccaa-Tuulamaa maalif ammas umurii mootummaa kana keessatti yeroo lammaffaaf deebi'ee cufamee??
7. Dipaartimantii Afaan Oromoo suuta suutan mooraa keessaa baasuuf shira hojjatamaa jiru (maqaa jijjiiramaa jiru, dura "Afan Oromo literature and communication" kan jedhu "literature" kan jedhu keessaa hambisuun dabni hojjatamaa jiru dhaabbatee moggaasa guututti akka deebi'u cimsinee gaafanna.
8. Yeroo ammaa kana sababa ifa hin taaneen porajektoonni mootummaa, kanneen akka porojektii bishaan babal'isuu, daandii fi ibsaa, fayyaa, mana baruumsaa fi calla-guddistuu/misooma qonnaa/ hojii akka dhaaban taasifameera. Hojjattootni mootummaa naannoo Oromiyaa yeroo ammaa kana Leenjii siyaasaa Sivil Sarvisiitiin ji'a ji'aan leenji'uu fi walga'ii waa'ee "Shororkeessummaa fi malaan maltummaa" irratti torbee torbeen gaggeeffamuun alatti hojii bulchiinsa uummataa fi misooma biyyaa irraa akka fagaatan godhameera. Kanaaf haalli kun guddina ummata keenyaa haalan waan quucarsuuf pirojektoonni misoomaa hatattamaan hojiitti akka deebi'an jabeessinee gaafanna!
9. Sababa 'COC' /Certificat of Conformity/ jedhamuun (Oromiyaa keessa qofa jira) barattootni Oromoo Yunivarsitii fi koollejjii adda addaa irraa eebbifaman hojii akka hin arganneef sakaallaa ta'udhaan dargaggoota Oromoo haamilee cabsaa waan jiruuf wanti kun hatattamaan darggaggoota Oromoorraa akka ka'u cimsinee gaafanna.
10. Walumaagalatti, hidhaa, ajjeechaa, hojiirraa ari'atamuu, mana baruumsaa irraa ari'atamuu fi dararamni gara-jabinaa Oromiyaa guututti waggoota dheeraaf raawwatamaa jiru hatattamaan akka dhaabbatu cimsinee gaafanna!!!

Nagaa wajjin!

## Bakka buutota barattoota Yun. F/F

| | Maqaa | mallattoo | Mooraa/compass | Department |
|---|---|---|---|---|
| 1. | Ibraahim Huseen | | FBE | Public Admn. 3rd yr. |
| 2. | Adaanee Jirruu | | Kotobee | Maths Education. 3rd yr. |
| 3. | Abdataa Taaddasaa | | kiiloo 6 | Plotical Science 1st yr. |

**G/G**

- Biiroo Afa-Yaa'ii Caffee Oromiyaatiif
- Biiroo Investimentii M/N/ Oromiyaatiif
- Biiroo Eegumsa Naannoo M/N/ Oromiyaatiif
- Biiroo Qonnaa Oromiyaatiif
- Biiroo Misooma Magaalaa Oromiyaatiif
- Biiroo Kominikeshinii M/N/Oromiyaatiif
- Komishinii Poolisii Oromiyaatiif
- Biiroo Kaantibaa Bul/Mag/ Finfinneetiif
- Biiroo Afa-Yaa'ii Paarlaamaatiif
- Ministeera Dhimmoota Federalatiif

**Finfinnee**